Xiinxala Walaloo *"… Jedhe Diggaa Saaqoo!"* Ija Tiraajediitiin

Asafaa Deebisaa Lammeessaa[a*], Tashomaa Egeree Moosisaa[b1]

AXEERARA

Kaayyoon qorannoo kanaa walaloo "… Jedhe Diggaa Saaqoo!" ija tiraajediitiin xiinxaluudha. Yaadiddama tiraajedii aadaa warra Giriikiifi kan warra Elizaabeetaan walitti makuun qeeqa walaloo kana irratti gaggeessuuf dhimma itti bahameera. Xiinxalli walaloo moodela caasaa jaargochaa tiraajedii Aristotlefi Freytag hundeessan deeggaramuun kan raawwatamedha. Xiinxalli barruu hafeewwan walalicha keessaa akka madda ragaaleetti fudhachuufi tiraajediin xiinxaluuf faayidaarra kan ooledha. Hayyoonni ogbarruu akka ibsanitti, kaayyoon tiraajedii miirota doo'attootaa (dubbistootaa) qulqulleessuudha. Ogbarruu keessaan miirota namaafi hafuura qulqulleessuun yookiin dhiphina keessaa hiikuun immoo, haala afuuraan, hawaasummaafi beekumsaan fooyya'anii bilisa bahuu doo'attootaa mirkaneessuudha. Kanaaf, tiraajediin akkeessaa gochaa, kan goolabni isaa namfakkii goobaan galeessaaf kufaatii, badiifi du'a dhaqqabsiisu agarsiisuuf jecha ogbarruu keessatti hojiirra ooludha. Tiraajedii barruu keessatti mul'atu immoo mala xiinxala caasaa, ergaafi ilaalcha barruu moodelaa warra Giriikiifi kan warra Elizaabeetaan walirra bu'uufi dhiisuu isaa qorachuudha. Xiinxala raawwatameenis, Diggaan fakkeenya gootummaa, kutannoo, dhugaafi qajeelfama seeraaf dabarsanii of kennuu agarsiisa. Haqa beekaniif aarsaa of gochuu hubachiisa. Tartiibni yaa'insa yaadaafi taateewwan walalicha keessatti raawwataman tiraajedii ta'uu isaanii agarsiisa. Akkasumas, duraa duubni taateewwan walaloo Oromoo kana keessatti mul'atan moodela caasaa jaargocha tiraajedii Aristotlefi piraamidii Freytag wajjin walirra bu'uu isaanii agarsiisa. Xiinxala gaggeeffamerraa akka hubatamutti, caasaa, ergaafi ilaalchi tiraajedii Jarmaniifi Giriikiin waliin madaalamuun walaloon Oromoo kunis moodeloota tiraajediin ittiin agarsiifamuun kan walirra bu'udha.

***Jechoota Ijoo*:** goobaan galeessa, jaargocha, moodela, tiraajedii, walaloo

---

[a] Yuunivarsiitii Dambi Doolloo, Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa, Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu

[b] Yuunivarsiitii Jimmaa, Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa, Muummee Afaan Ingiliziifi Ogbarruu

ABSTRACT

The purpose of this article was to examine the poem "... Jedhe Diggaa Saaqoo!" from the lens of tragedy. A combination of Greek and Elizabethan traditional tragic theories was used to criticize the poem. The analysis of the poem is supported by the model of the structure of the tragedy established by Aristotle and Freytag. Textual analysis was used as a tool to take data from the poem as a source of evidence and analyze the tragedy. Scholars explain that the purpose of tragedy is to purify the emotions of the readers. Purifying human and spiritual emotions through literature or releasing them from distress is to ensure the spiritual, social and intellectual improvement of the readers and their liberation. Therefore, tragedy is a metaphor of action that ends in failure, evil and death for the protagonist. The tragedy in the text is an analytical approach to examine whether the structure, message and perspective of the Greek and Elizabethan models overlap. After the analysis of the text, it is found out that Digga shows an example of heroism, determination, truth and devotion to the guidelines of the law. He reminds us to sacrifice ourselves for the truth we know. The order of the flow of ideas and events in the poem indicates that they are tragic. It also shows that the order of the events in this Oromo poem coincides with the structural model of Aristotle's tragic plot and Freytag's pyramid. The analysis shows that the structure, message and attitude of German and Greek tragedy are compared with the Oromo poem and are in coincidens with the models used to depict tragedy.

Key words: hero, plot, model, tragedy, poem

1. Seensa

Ogwalaloon damee ogbarruu keessaa isa tokkodha. Ka'umsi walaloofi tiraajedii immoo akkeessaadha. Butcher (2008) kitaaba *The Poetics of Aristotle* jijjiiree barreesse keessatti waa'ee walaloofi tiraajeedii yaada Aristotle ibsee jira. Walaloo dheeraa dhangala'aan (ippikii), tiraajeediin, koomediifi walaloo gabaabaan waliigalaan ka'umsi akkeessaadha. Garaagarummaan isaanii garuu haala kalaqichi ittiin darbu, kaayyoofi haala itti akkeeffame irratti. Kalaqni tokko tokko bifa yeedaloo qabuun yoo akkeeffaman, kaan immoo miiraan, sochii qaamaafi gochaadhaan akkeeffamu. Kalaqni walaloofi hololoon dhiyaatan immoo mala afaaniitiin akkeeffamu. Walaloon akkeessaa waan dhugaa ta'eeti. Kan inni madaalamuu qabus, miidhagummaa oguma kalaqaa isaatiini. Miidhagummaan kunimmoo nama kakaasuu, gammachiisuu, kofalchiisuu, boossisuufi gaddisiisuu isaatiin madaalama (Butcher, 2008).

Kanaaf, tiraajediifi koomedii ta'uun walaloo akkeessaa haala kalaqichi ittiin darbu irratti hundaa'a.

Tiraajediin akkeessaa gochaa kan goolabni isaa miira sodaa nama keessatti uumudha. Abrams (1999) akka ibsetti, jechi tiraajedii jedhu bal'inaan ogbarruu (keessattuu doo'ii) keessatti taateewwan xiyyeeffannoo barbaachisaan taasifameef bakka bu'uun bu'aansaas goolaba namfakkii goobaan galeessaaf kufaatii, badii, dhumiinsaafi du'a dhaqqabsiisuu agarsiisuuf jecha hojiirra ooludha. Tiraajediin walaloo, doo'ii, taphaafi asoosama keessatti yaa'insi jaargochaa, qabiyyeen dhiyaatuufi ergaan darbu kufaatii namfakkii goobaan galeessa agarsiisuufi akka namoonni gaddan taasisuudha. Namfakkii goobaan galeessi kalaqicha keessatti rakkoolee humna alaa itti dhufuun yookiin kan keessaatiin gootomuudhaan dhumni seenaasaa kan laphee nama cabsu qabudha. Kunimmoo gara qulqullina miira doo'attootaatti kan geessuufi abdii ilmaan namaatiif kan kennudha (Butcher, 2008).

Kaayyoo tiraajedii ilaalchisee hayyoonni yaada Aristotle kenne fudhachuun akka ibsanitti, tiraajediin miira doo'attootaa qulqulleessuudha. Miira qulqulleessuun miirota abdii kutachiisaniifi soda uuman kunniin doo'attoonni waltajjii walaloo yookiin doo'ii irraa bahan qulqulleeffamanii akkasumas haala hafuuraan, hawaasummaafi beekumsaan fooyya'anii bilisa bahuu mirkaneessuudha. Kunimmoo, ogbarruu keessaan miirota namaa qulqulleessuu, hafuura qulqulleessuu yookiin dhiphina keessaa hiikuun akka jiru agarsiisa (Klages, 2012fi Abrams, 1999). Yaadrimeen kun, muuxannoo doo'attoonni doo'ii irraa madda itti quufinsaa yookiin of haaressuufi beekumsa horachuu argachuun, yaadiddamoonni xiinsammuufi ogbarruu qorsammuu irraa akka burqan kan hubachiisudha.

Seenaan ogbarruu akka ibsutti, tiraajeedii sadarkaa olaanaan kan kalaqame, wayitiifi naannoo afur keessatti qofa. Isaanis, biyyoota akka Attica Giriik (naannoo 400 Dh.K.D), Inglizii bara giiftii Elizabeth I fi James I (bara 1558-1625), Faransaay (jaarraa 17^{ffaa}) akkasumas Awurooppaafi Ameerikaa (walakkeessa jaarraa 19^{ffaa} fi jalqaba jaarraa 20^{ffaa}) keessatti ture. Tokkoon tokkoon yoomessa kanneen keessatti guddina, kallattii xiyyeeffannoo, amalootaafi akkaataa galma doo'ii keessatti dhiyaatuun garaagarummaatu mul'ata (Cuddon, 2013). Tiraajediin ogbarruuwwan keessatti mul'atu tapha, doo'iifi walaloo irraa adeemsaan gara kalaqawwan biraa akka asoosama dheeraafi gabaabaatti cehaa deeme.

Walaloo tiraajedii qo'achuudhaaf qaamolee tiraajediin qabu akka jaargocha, namfakkii, yaada, jechoota filatamoo, sirbaafi gola isaa (waltajjii) xiinxaluufi adeemsaan gara guduunfaatti

deemuun barbaachisaadha. Qaamolee kanneen keessaa jaargochi tiraajedii keessatti baay'ee barbaachisaafi xiinxalli kunis bu'uura taasifachuun kan qo'atamedha. Jaargocha tiraajedii keessatti dhimmi ijoofi bu'uurri tiraajediin akka raawwatamu taasisu dogoggorsa kan namfakkii muummee rakkoo keessatti akka kufu taasisudha. Kun 'hamartia' jedhamee beekamudha (Childsifi Fowler, 2006). 'Hamartia' fiixee jaargochaatti kan mul'atu yoo ta'u, miseensonni jaargochaa kaanis qo'annoo walaloo tiraajediitiif baay'ee barbaachisaadha.

Kitaaba walaloo *Obomboleettiifi Kuusaa Walaloota* Zalaalam Abarraan bara 2024 keessaa mata-duree *"... Jedhe Diggaa Saaqoo!"* qorannichaaf kan filatamedha. Walaloon kun kallattii tiraajediitiin hinxiinxalamne. Barruun kun gahee tiraajediin walaloo xiinxaluu keessatti qabu guutuuf kan ooludha. Kanaafuu, kaayyoon waraqaa kanaas walaloo *"... Jedhe Diggaa Saaqoo!"* Zalaalam Abarraan barreeffame ija tiraajediitiin xiinxaluudha.

2. Sakatta'a Barruuwwanii

Ogbarruun aartii jechoota ilyaadaan barreeffamuun bashannansiisuuf ijaaramudha. Walaloon gooroo ogbarruu keessaa tokko ta'ee, kalaqa sammuu dhala namaa miidhagina qabudha. Gooroo ogbarruu umurii dheeraa qabuufi osoo qaroominni barreeffamaa hindhufin seenaa, amantiifi falaasama kan ittiin olkaa'aafi dabarsaa turaniidha. Irraa-gata waan ciminaan sammuu namaatti dhaga'amudha (Yesufu, 2006).

Walaloon gosa ogbarruu jechoota muraasaan waan baay'ee dabarsuu danda'uudha. Gosoota ogbarruu biroo caalaa jechoota human-qabeeyyiitti kan fayyadamuufi sararoonni isaa yaada ibsamu sana walirraa butaniifi wal gargaaranii irratti xiyyeeffachuudhaan kan ifa taasisaniidha. Walaloon qooqa ifaafi ho'ina burqisiisuudha (Lawrence, 1992). Walaloon jechoota filatamoo tartiiba filatamaadhaan taa'edha. Hayyuun kun jechoonni walaloo filatamoo qofa osoo hintaane, tartiibni isaan ittiin taa'an filatamaa ta'uu nu hubachiisa. Walaloon qooqa miira namaa tuttuquurratti olaantummaa qabuudha.

Waloon ibsaa addunyaa kanaaf iddoo guddaa kennuudhaan qaamolee miiraa isaatiinis sirriitti hubachuurratti olaantummaa qabuudha. Waa'een addunyaa kanaa garmalee isa quqquuqa jechuudha. Kana malees addunyaa kana bifa kanaan erga hubatee booda, waan sammuusaa keessa jiru sana namaaf calaqqisiisuuf ogummaafi dandeettii jechootaan of ibsuutis niqaba. Amalli walaloo inni guddaan walxaxiinsa muuziqummaasaati. Dabalataan amaloota akka jechoota baay'ee filatamoo, dhikkisaa, walunata (mana rukuttaa), durdura sagaleefi irradeddeebii sagalee guutuudha (Yesufu, 2006).

3. Malaafi Akkayyaa


Yaadiddamni tiraajedii aadawaa warra Giriikiifi kan warra Elizabeetaan walitti makuun qeeqa walaloo kana irratti gaggeessuuf dhimma itti bahameera. Yaadiddamni tiraajedii xiinxala ogbarruu (walaloo) moodelaan deeggaramuun kan raawwatamedha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf immoo xiinxalli barruu faayidaarra kan ooledha. Xiinxala barruu gargaaramuun hafeewwan walalicha keessaa funaanaman caasaalee bu'uuraa jaargochaafi yaadrimee miseensota taateewwan walaloo shanan tiraajedii Aristotle hundeesseen gadi fageenyaan kan qeeqamedha. Xiinxalliifi hiikni adeemsa xiinxala barruu qorannicha keessatti tajaajilarra ooledha. Yaadiddamoonni tiraajediin ittiin qorataman keessaa yaadiddamoota aadawaa yookiin beekamoo warra Giriik, kan warra Elizabeetaan (Shekispiir), deebisanii ijaaruu warra aadawaa akkasumas kan warra Romantikii beekamoodha. Yaadiddamoota kanneen keessaa kan aadaa warra Giriikiifi kan warra Elizabeetaan walitti makuun qorannicha ittiin gaggeeffame.

Sababiin isaas, amaloota tiraajedii warra Giriik keessattuu 'Aristotiliyan' jedhaman keessatti mul'atan: jaargocha wiirtuu tokko qabaachuu, namfakkii goobaan galeessi sooressa, beekamaafi nama hidda mootii keessaa kan dhalateefi mootii ta'uu, goobaan galeessi milkaa'uu dhabuu yookiin du'i isa muudachuu akkasumas, goobaan galeessi taatee keessatti dhugummaa waa'ee isaafi namfakkiiwwan biraa beekuu yookiin hubachuun walaloo kana keessatti ni mul'ata. Dabalataan immoo, tiraajediin kan warra Elizabeetaan (Shekispiir) amaloota armaan gadiitiin beekamu: goobaan galeessi kan hireedhaan du'u yookiin milkaa'ina dhabu, xiiqeffannaafi aarsaa of taasisuu, waldiddaan jaargocha keessatti gidduu namfakkiiwwanii jiraachuu, 'hamartia' jiraachuu, goobaan galeessi falmii humna alaa itti dhufuun yookiin kan keessaatiin gootomuufi miira qulqulleessuun jiraachuudha (Rafiq, 2021). Warri ammayyaan immoo goobaan galeessi nama akkuma nama kaanii, muummee tokkoo oliifi jaargocha baay'ee kan qabu irratti waan xiyyeeffatuufi.

Dhimmoonni ijoo Aristotil hundeesse baay'een sona guddaa tiraajedii hubachuudhaaf gargaaru. Aristotle qaamolee tiraajedii bakka ja'atti qooda. Isaanis: jaargocha, namfakkii, yaada, jechoota filatamoo, sirbaafi gola isaa yookiin waltajjiidha (Butcher, 2008: f.8). Jaargochi qajeelfama jalqabaafi lubbuu tiraajedii yoo ta'u, namfakkiin immoo bakka lammaffaa kan qabatudha. Qaamolee kanneen keessaa jaargochi tiraajedii keessatti baay'ee barbaachisaafi xiinxalli kunis

bu'uura kan taasifatedha. Jaargochi dirqama guutuu ta'ee caasaaleen bu'uuraa jaargocha tiraajedii shanan akka saaxila, olka'insa gochaa, banti-miira, sigigoo (gadibu'insa gochaa) akkasumas furmaata haammachuu qaba (Griffith, 2011). Miseensonni kunniin tartiibaan akka walhaammatanitti jaargochi dhaamsa wiirtuu akka qabaatu gumaachu.

Gama biraatiin immoo, yaadrimee Aristotil hundeesseen kutaaleen taateewwan ogbarruu miseensota shan qabu. Isaanis, 'hamartia', 'hubris', 'anagnorisis', 'peripeteia'fi 'catharsis' fa'a (Abrams, 1999). 'Hamartia' jaargocha tiraajedii keessatti dhimma ijoofi bu'uura tiraajediin akka raawwatamu taasisu, dogoggorsa namfakkii goobaan galeessi gara rakkoo keessatti akka kufu yookin aarsaa of taasisutti geessudha. 'Hubris' immoo qaama hamartia keessaa tokko ta'ee ilaalcha gootummaa namfakkii goobaan galeessa irratti mul'atu seera namuusaa cabsuun adeemsa gara tiraajediitti geessudha.



Fakkii 1: Piraamidii Jaargocha Tiraajedii Gustav Fireytag (Madda: Giriffiz, 2011: f.52)

Abrams (1999: f.322) akka ibsetti, "Hubris is 'pride' or overweening self-confidence which leads a protagonist to disregard a divine warning or to violate an important moral law," jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, hubris ilaalcha olaantummaa yookiin gootummaa namfakkii goobaan galeessa irratti mul'atu kan akeekkachiisa Uumaafi seera namuusaa (qajeelfama amala sirriifi dogoggoraa) irra cehuun adeemsa gara tiraajediitti geessudha.

Kutaan taphaa inni biraan 'anagnorisis' kan jedhamudha. Anagnorisis tuqaa jijjiirama taphaa bakka itti goobaan galeessi dhugaa duraan hinbeekne itti beekudha (Abrams, 1999). Kun bakka fiixee yookiin bantii-miira jedhamees beekama. 'Peripeteia' immoo kutaa tiraajedii keessatti milkaa'inni namfakkii goobaan galeessi atattamaan jijjiiramuun kufaatii ykn du'a irra gahudha.

‘Catharsis’ immoo kutaa xumura taatee tiraajediiti. Sababii goota dhabaniif gadda doo’attootatti dhaga’amuufi taatee dhiphinaa keessa isaaniitti uumuun lubbuu isaanii qulqulleessuudha (purification or purgation). Yaadrimeewwan ‘hamartia’, ‘hubris’, ‘anagnorisis’, ‘peripeteia’fi ‘catharsis’ kunneen moodela kutaalee taphaa shanan Aristotil jedhamanii beekamu (Childsifi Fowler, 2006). Caasaaleen jaargocha tiraajedii Gustav Fireytag bara 1863 kalaqe moodela caasaa jaargochaa piraamidiin agarsiifamudha. Moodela kutaalee ogbarruu shanan Aristotle hundeesse moodela caasaa jaargochaa piraamidii lammiin biyya Jarman Freytag kalaqeen wal unataadha (Griffith, 2011). Kanaafuu, xiinxalli walaloo tiraajedii *“... Jedhe Diggaa Saaqoo!”* irratti gaggeeffame moodeloota lamaan Aristotiliifi Freytag fayyadamuudhaan kan agarsiifamedha.

Kaayyoon qorannoo kanaa walaloo *“... Jedhe Diggaa Saaqoo!”* ija tiraajediitiin xiinxaluudha. Qorannoon kun qorannoo akkamtaa yoo ta’u, qorannoo kana gaggeessuuf ija tiraajediitiin xiinxaluun immoo xiyyeeffannoo qorannoo kanaati. Akeeka kana galmaan gahuuf mala iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma bahameera. Ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan madda ragaalee tokkoffaa walaloo filatamedha. Malli walaloon filatame kun ittiin qo’atames mala xiinxala barruu fayyadamuun adeemsifame.

4. Xiinxala Walaloo “… Jedhe Diggaa Saaqoo!” Ija Tiraajediitiin

Tiraajediin akkeessaa gochaa guutuu kan kalaqaan guutame ta’ee, kutaaleen walaloo sanaa unkaa gochaa kan qabuufi taateewwan sodaa uumuu danda’an qabudha. Tiraajedii walaloo kanaa agarsiisuudhaaf kutaalee moodela Aristotle shanan mala jalatti dhiyaatan, ‘hamartia’, ‘hubris’, ‘anagnorisis’, ‘peripeteia’fi ‘catharsis’ (Abrams, 1999, f.322, Childsifi Fowler, 2006) wajjin hariiroo qabaniin xiinxaluun barbaachisaadha. Duraa duuba taateewwan tiraajedii walaloo kanaas moodela kutaalee taphaa tiraajedii Aristotle hundeesseefi moodela caasaa jaargochaa tiraajedii piraamidii Fireytag piraamidii wal unachiisuunis kan xiinxalamedha.

Xiinxala kana gaggeessuudhaaf jechootaafi gaaleewwan bo’oowwan walaloo dhiyaate keessatti akkaataa tiraajediin itti mul’ate yaada hayyootaan deeggaruun qabatamummaa ergaa darbuufi xiinxala gaggeeffameef humna kan kennedha. Aristotil akka ibsutti, walaloo keessatti kutaawwan dhaabbataa addaan baafaman duukaa bu’uun tiraajedii mul’atantu xiinxalama (Childsifi Fowler, 2006). Kanaaf, duraa duuba gochaalee (yaa’insa yaadaa) walaloo kana keessatti mul’atan xiyyeeffannoon kan qeeqamedha.

Walaloo *“... Jedhe Diggaa Saaqoo!”* keessatti ka’umsi lola Diggaafi mootii biraa hora hamma barruu harkaati (bo’oo 13, 170). Hora daangaa lamaan mootonni bulchanirra jiru

waliigalteedhaan itti fayyadamuurra qofaatti mootiin tokko itti gargaaramuu qabaa, gartokkotti cituu qabaa, qooda mootii tokkoo ta'uu qabaa irratti waldhiban (16-18). Hora kanarratti kan kootii kan kootii irratti walgooluufi walgidiruun isaanii itti hammaachaa deeme. Yeroo garaagaraatti irratti walqocholu. Qocholloon isaanii kunimmoo mootota lamaan qofa osoo hintaane saballee kan gooledha. Hafeen walaloo **1** kunis kanuma mul'isa.

1. Hora dubbi, hora lolaa, lola guddaa.
   Bara-baraan biyya goola, saba sarda.
   Mootiin lamaaan garaaf dugda.
   Diina ta'ee waliin ooda. (Zalaalam, bo'oowwan 19-22)

Hafee walaloo *1* kanarraa akkuma hubatamu Diggaan saba mootii ta'eef qaba. Qocholloon mootii biraarraa Diggaatti dhufu sabichas hinhankaaku; walumaan hunkura. Makmaaksa Oromoo 'Arbi lamaan yoo wallole kan miidhamu sanbaleexa' akkuma jedhamu, mootonni lamaan diina ta'anii walloluun jiruuf jireenya hawaasichaas nijeequ. Lola guddaa (bo'oo 19) waan ta'eefis, badiin inni geessisus akkasuma cimaadha. Lolichi yeroo mara saba keessatti dubbii, lola, muddamsuufi badiinsa kan uumedha.

Dubbiin horaa haala tasgabbii hinqabne uume kun ka'umsa jaargochaa, sochii kakaasaafi jalqabbii cancala sababaafi bu'aati. Horri daangaarra jiraachuun, gartokkotti cituu dhabuun, qooda mootii tokkoo ta'uu dhabuun sababa. Dubbii, waliin ooduu, garaaf dugda (faallaa) ta'uu, lolli, biyya gooluufi saba sarduun immoo bu'aadha. Sababni hora daangaarraa bu'aa lakkisaa akkanaa (lolaafi jeequmsa) buuse. Sababiifi bu'aan kunimmoo kallattii walaloodhaan ala kan baheefi wantoota biraa irratti kan hirkate miti. Kana jechuun, sababni *xiyyeeffannoo* kan hinarganne, bu'aan immoo xiyyeeffannoo kan argatedha. Kanaafuu, lolli jaraa xiyyeeffannoo argataa waan deemeef, mootii lamaan gidduu jaarsoliin haqa barbaachaafi araaraaf waamaman. Osoo seerri ammayyaa hinhundeeffamiin duras ta'ee amma walitti bu'insi jaarsoliidhaan ilaalama. Jaarsi dhugaa fagootti arga; dhugaa dhokates baasee mul'isa (bo'oo 27). Jaarsi kan balleesseefi kan dhugaa qabu gingilchee haqa abbaa haqaaf laata. Lolli mootii lamaanii cimaa waan deemeef, jaarsoliin dubbii horaa qabbaneessuun deebi'anii akka jarri dubbii hinkaafneef jecha dhugaa muruun waliigalchuuf guyyaa qabatan (bo'oo 24-26). Jaarsoliin kan waamamaniif dhugaa muruun mootii lamaan walitti araarsuun dabalatatti, saba gooliin miidhame dhibeesaarraa akka dandamatu (wal'aanamu) taasisuufi (bo'oo 29). Sababiin isaa, sabni yeroo mara dubbii

horaa irraa kan ka'e jiruuf jireenyisaa jeeqamaa waan tureefi. Kanaaf, akkuma hafee walaloo **2** irraa hubannu jaarsoliin araaraaf saba waliin Odaa jalatti walga'an.

2. Akka kanaan sabni yaa'ee,
   Odaa jala guutee, taa'ee,
   Jaarsa dubbii kana madaalu
   Beekaa, guddaa, akka Qaalluu
   Shanee jaarsaa, warra alangaa
   Silaa dhugaa fagootti argaa! (bo'oo 31-36)

Hafee walaloo **2** kana keessatti dubbiin kan ilaalame Odaa jalatti. Odaan galma. Galma heerafi seera Oromooti. Odaan muka Oromoon jalatti sirna garaagaraa gaggeeffatudha. Bakka itti seerri tumamu, kan tumames hojiirra itti ooludha. Keessattuu nama wallole akka mootota kanaa Odaa jalatti walitti araarsu. Galmi guddaan Oromoo bakka itti araaraaf sabni, jaarsoliifi mootonni waamaman, akka bakka taphniifi doo'iin tiraajedii itti ilaalamu ta'ee tajaajile. Haala hafee walaloo kanaatiin galmi Oromoo Odaan galma taphaan walirra bu'e. Galmi taphaa taphattootaafi doo'attoota qaba. Odaa jallis akkasuma namoota walaloo keessatti qooddattoota ta'an (mootota lamaaniifi jaarsolii)fi saba walitti fide.

Itti aansuun jechoota *shan*, *abbootii alangaafi qaalluu* jedhan xiinxaluun gaarii ta'a. Akkuma hafee walaloo **2** irraa hubatamu jaarsoliin Odaa jalatti mootota walitti araarsuuf dhiyaatan beekaafi nama guddaadha (bo'oo 34). Lakkoofsaanis akka aadaatti hanquu 5 turan. Akka aadaatti jaarsoliin lakkoofsaan hanquu ta'uu qabu. Jaarsoliin walitti qabaman jaarsolii kaanirraa kan adda ta'an abbootii alangaa ta'uu isaaniiti. Kaayyoon abbootii alangaa seeraafi heera qulqullummaafi amanamummaadhaan hojiirra oolchuudha. Akkasumas, jaarsoliin kun Qaalluudha. Qaalluun kan waa raagu, fagootti waan dhufuuf deemu argu, dubbichaan walqabsiisee mootota wal himatanirra maaltu akka qaqqabu kan argudha. Ta'us, jaarsoliin kunniin waan moototatti dhufus ta'ee waan isaanitti dhufuuf deemu hinargine. Sababiin isaas, akkuma hafee walaloo **3** irraa arginu jaarsoliin kakuu raawwatan malee kakuu hojiirra hinoolchine waan ta'eefi.

Gama biraatiin immoo walaloo kana keessatti kakuu jaarsoliin araaraaf galan xiinxaluun barbaachisaadha. Sabni Oromoo Waaqatti amana. Heerriifi seerri Uumaafi uummata gidduu jiru keessaa tokko kakuudha. Kakuun dhugaa hojjetanii jennaan nama hingahu; dhara hojjetanii jennaan balaa qaba. Jaarsoliin warri Qaalluus maalummaa kakuu osuma beekanii kakuutti seenani. Kan kakachiises heeraafi seera Waaqarraa sabaaf kennameef sanadha. Qajeelfama

sanaan kakatani. Kakuun durii kaasee hawaasa keessatti waliigalteedhaan kan ittiin hawaasaafi Waaqa gidduutti waadaa galanidha. Walitti dhufeenya Waaqaafi saba gidduutti dhaabate, kakuu, immoo safuu waan ta'eef '…isaa bagaa!' (bo'oo 37) jedhamee safeeffatama. Kun kakuu Waaqaan bakka buusanii safeeffachuu agarsiisa. Waaqni sirriidha, hojiin isaas sirriidha; akkasumas, hojii kakuun kun hojjetu sirriidha jechuu mul'isa. Kanaafuu, kakuun jaarsoliin raawwatan balaa geessisuu waan maluuf safeeffatamuu agarsiisa. Kakuun warri alangaa raawwatan kunooti.

3. "Dhallii keenya dhala yuuyyee
   Qeeyeen keenya qeyee booyyee
   Dhugaan murraa, dhugaa 'naallu
   Dhugaa hallaan, qeyee keenya bofi ha dhaalu" (bo'oo 38-41)

Kakuu jaarsoliin raawwatan keessatti jechoonni 'yuuyyee', 'booyyee' fi 'bofi' jedhan ni argamu. Yuuyyeen dhala hinguddanne, achumee, guddatee kana achi hinsiiqne ta'uu mul'isa. Jechoota 'booyyee' fi 'bofa' jedhan hariiroo barruuwwan gidduu jiruun (intertextuality) xiinxaluun barbaachisaadha. Barruun tokko hojii haaraa keessatti yoo hirmaatame hariiroo barruuwwan gidduuti (Simpson, 2004). Barruu tiraajedii kana keessattis waloon hariiroo barruuwwan gidduu dhoksaan barruu warra Dhihaa walqabsiisa dhimma itti bahame. Booyyeen akka ogbarruu warra Dhihaatti waan qulqullina hinqabne, gowwaafi sassataatti fakkeeffama (Ferber, 1999: f.154). Akka hawaasa keenyaattis booyyeen kaka'aa, saamaa, kan koo na hingahu kan jedhutti fakkeeffama. Tasgabbii kan hinqabneefi nyaatee kan hindadhabne ta'uu agarsiisa.

Bofi immoo fakkoommii beekumsa sobaa kan du'a nama dhaqqabsiisu jechuudha (Ferber, 1999: f.186). Yoo dhugaa muruu dhiisne sobichi nu haaballeessu jechuu isaaniiti. Akka hawaasa keenyaatti bofi diinummaafi lolatti fakkeeffama. Bineensonni kunniin lamaan milkii gaarii kan hinqabne, hawaasaanis kan jibbamanidha. Kakuu jaarsoliin ittiin kakatan kun dhugaa haallaan nu haadhaqqabuu ofitti murteessan. Jechoonni ittiin kakatan mataansaa yoo kakuun cabe jechoota tiraajedii fiduu danda'anidha.

Gama biraatiin immoo, kutaa moodela Aristotle dhiyeesse keessatti yaadrimee 'hamartia' fi hafee walaloo keessaa fudhachuun xiinxaluun nidanda'ama. 'Hamartia' kutaa tiraajedii keessatti dogoggora mul'atudha. Kuni dogoggora namfakkii goobaan galeessa irraan kan ka'e osoo hintaane, haqarraa dabsuudhaan akka namfakkii masaanuun namfakkii goobaan galeessa akka moo'atuuf haala mijeessuudha (Abrams, 1999). Walalicharraas wanti hubatamu kanumaan

hariiroo qaba. Warri alangaa yookiin warri jaarsaa dursanii mootii biraatiin waliigalanii warqee matta'aa nyaachuun akka Diggaan ofirratti murtoo hadhaawaa fudhatuuf haala mijeessani. Hafeen walaloo 4 kanuma agarsiisa.

4. Mootii kaanoo, warqee kennee; Diggaa dhoksee,
   Harka wayaa jalaan loosee.
   Warri jarsaas kakuu cabsee,
   Dhugaa haalee, dhugaa dabsee,
   Abbaa warqee, gurra buuse mala malee. (bo'oo 49-53)

Warri jaarsaa dhugaa akka hincabsine yookiin mootii kamiifuu akka hinloogne dursanii kakachuu isaanii hafee walaloo 3 keessatti ilaallee turre. Walaloo bo'oo 45-48 irraa akka hubatamutti garuu warri alangaa dhugaa baasanii haqa muruurra, dhugaa abbaatti deebisanii nagaa sabaaf buusuurra haqa haqanqaalan. Kakuu duraan Odaa jalatti kakatan diigan. Dhugaa haaluun bakka sobaa dhaabatanii dharaa loogii taasisan. Kanaaf, mootii biraa irraa warqee matta'aa nyaatanii, mala dhoksaan malaniif. Matta'aa nyaatanii dhugaa dabsanii dura iccitiin akka korma qopheeffatuuf mootii biraaf mala himan (bo'oo 49-53). Murtee silaa guyyaa walgeettii Odaa jalatti mootii lamaan gidduutti ifaan murteessuu qaban dhoksaan 'dhiiga dursee nama buusetu abbaa horaa ta'aa' murteessinaa of qopheessii (bo'oo 54-58) haala mijeessuun mootii biraatti himan.

Haala jaarsoliin mijeessan irraan kan ka'e mootiin biraa dursee injifachuu isaa dhaadate; duruu horri kan isaa akka ta'etti baannate. Korma dhoksaan fides qalmaaf as baase (bo'oo 72-77). Dogoggorri jaarsoliin hojjetan kun 'hamartia' agarsiisa. Gochaan jaarsolii tiraajedii walaloo kana keessatti dogoggora haqaa hojjetani. Gootni tiraajeedii Diggaan akka hora hinarganne taasisan jechuudha. Kunimmoo dogoggora namfakkii goobaan galeessa (Diggaa) irraan kan ka'e osoo hintaane, jaarsoliin haqarraa dabuudhaan akka namfakkii masaanuun (mootiin biraa) Diggaa akka moo'atuuf haala mijeessuu agarsiisa.

Gama biraatiin immoo unkaan 'hamartia' tiraajedii keessatti mul'atu 'hubris' yaadrimee jedhamudha. 'Hubris' xiiqii namfakkii muummee irratti mul'atu kan qajeelfama amala sirriifi dogoggoraa seera hawaasaafi uumaa irra darbuudhaan yemmuu gara tiraajediitti geessudha. Walalicha keessattis tiraajediin Diggaarratti akka uumamu kan taasise xiiqii (gootummaa) isaati. Bo'oowwan hafee walaloo 5 asii gaditti mul'atan yoo ilaalle, jechoota yookiin gaaleewwan Diggaan xiiqii ittiin mul'ifate argina.

5. “Gaafa xiiqii, gaafa qalmaa,
   Anuu korma.” (bo’oo 9 fi 10, 149 fi 150, 165 fi 156)

Bo’oowwan hafee walaloo 5 jalatti eeraman keessatti Diggaan xiiqeffannaa keessa galuu mul’isu. Erga dubbiin jaarsoliidhaan haqanqaalamee guyyaa xiiqii, qalmi eega barbaachisee aniyyuu akka kormaatti nan qalama jechuun bakka kormaa of buuse. Akka qajeelfama namuusa aadaa Oromootti qalmaaf kan dhiyaatu korma malee nama miti. Kormi nama wallole walitti araarsuuf, ayyaanaaf, Masqalaaf, Boorantichaafi kkf qalama. Namni taateewwan aadaa hawaasaa kanaaf hinqalamu; kun safuudha. Diggaan garuu xiiqeffannaarraan kan ka’e qalmaaf kormi osoo dhiyaachuu qabuu ofiif korma bakka of buusee of dhiyeesse. Safuu hawaasaafi Uumaa irra cehuun qalmaaf of dhiyeesse. Kormi dhabamus bakka kormaa bu’ee “Anuu jira!”jechuun xiiqeffate.

Dhimmi ijoon biraa walalicha keessatti xiinxalaaf xiyyeeffatame yaadrimee ‘anagnorisis’ jedhamuun kan walqabatudha. ‘Anagnorisis’ bakka murteessaa yookiin tuqaa jijjiiramaa doo’ii (walaloo) iddoo itti goobaan galeessi gowwomfamuusaa itti beeksisudha. Tuqaan jaargocha tiraajedii kun bakka goobaan galeessi eenyummaa dhugaa haala ofiisaa yookiin namfakkiiwwan biraa itti beekudha. Hafeen walaloo **6** yaaduma kana hubachiisa.

6. Ilmi Saaqoos:
   “Bada Diggaa nan gowwoomee?!
   Hora abbaakoo dur na saamee”
   Jedhee iyyuuf waa sardamee,
   Garuu…. dafee obsa uumee of abboome. (bo’oo 79-83)

Diggaan dhugaa barbaacha jaarsummaadhaaf Odaa jalatti argamus xaxaa jaarsoliin isaaf qopheessan duraan hinbarre. Hafee walaloo **6** keessatti akkuma hubatamu garuu Diggaan jaarsoliidhaan gowwoomfamuufi mootii biraatti malli himamuu hubate. Bakkee kanatti Diggaan qarqaratti dhiibamuusaa yookiin dhiibbaan alarraa akka itti dhufaa jiru beekudha. Milkaa’inni dhugaa hora argachuu silaa Diggaaf ta’uu malu (bo’oo 81) garagalee mootii biraatiif dhugaan sobaan muramuusaa addaan baafate. Diggaan dhugaa bira gahe kanas mootii biraa, jaarsoliifi saba Odaa jala taa’ee jirutti akka sobaan horri mootii biraaf murtaa’e itti hime (bo’oo 97, 102, 144). Xiinxala taatee kanaarraa akkuma hubatamutti, Diggaan eenyummaa dhugaa waa’ee mataasaa akkasumas namfakkiiwwan biraa yeroo itti dhugoomfatedha. Kuni, yeroo baay’ee fiixee taphaa (walaloo) bakka banti miirri itti mul’atudha.

Jaargochi tiraajedii yeroo baay'ee namfakkii beekamaafi urjii isa/ishee ta'e/taate goobaan galeessatti/ttiitti (hero/heroine) naanna'a. Tiraajedii keessatti goobaan galeessa milkaa'ina dhabuutu isa muudata yookiin milkaa'ina isaatu jijjiirama. Milkaa'ina gonfachuu dhabuun namfakkii muummee rakkoo ofii uumeen (dadhabbinaan) osoo hintaane, namfakkii masaanuun akka muummeerra aanuuf gargaarsa namfakkiiwwan biroon (jaarsolii) taasisanirraan kan ka'edha.

Banti miirri yookiin fiixeen jaargocha walaloo kanaa sababiiwwan taateewwan duraan raawwataman jaarsoliin matta'aa fudhachuudhaan harka wayaa jalaatiin mootii biraatiif akka horri murtaa'u mala maluufi xiiqeffannaa Diggaatiin adeemsa raawwatedha. Raawwiin banti miiraa immoo taateewwan itti aananii dhufaniif sababa ta'uudhaan sababniifi bu'aan *xiyyeeffannoo* akka argatan ta'e.

'Anagnorisis' itti aanee kan dhufu 'peripeteia' dha. Kun milkaa'inni goobaan galeessaa silaa hora argachuu *battala jijjiiramuun* milkaa'uu dhabuunsaa taatee biraa fidudha. Bakki 'peripeteia' tiraajedii keessatti carroominni (milkaa'inni) namfakkii goobaan galeessaa atattamaan jijjiiramuun kufaatii (du'a) irra gahudha. Walalicha keessattis gochaan milkaa'ina dhabuu goobaan galeessa (Diggaa) irraan kan ka'e aarsaa of taasisuu nimul'ata. Hafee walaloo **7** kanuma agarsiisa.

7. Gaafa xiiqii, gaafa qalmaa
   Anuu korma!
   Dhiiga coobsuun, eega horri dhuunfa ta'e,
   Haalola'u kankoo, lolaa ta'e;
   Xuuri haaharu dhangala'ee."
   …. jedhee, roorroo hedduu eega haasa'ee,
   Goraadeesaa mandhee kaa'e,
   Butee baasee of gorra'e! (bo'oo 149-156)


Hafee walaloo 7 keessatti xiiqeffannaan Diggaa, dhugaa dhabuunsaa, horri maatiisaa dabarfamee mootii biraaf kennamuun isa galaafate. Ofiif ofirratti murteessee goraadeesaan of gorra'e. Korma dhabus bakka kormaa of buusuun dhiigasaa lolaase. Dhiigni aarsaa of gochuudha. Diggaan dhiigasaa lolaasuun xuurii (cubbuu) haxaa'ee akka balleessuuf raawwate. Lola sana balleessee dubbii horaa sana qabbaneessa; horris dhuunfatama. Erga du'i Diggaa raawwateen booda wanti

duubatti deebi'u hinjiru. Kuni waan gonkumaa hin-yaadamne taatee too'annoon gamatti raawwatamedha.

Taateen tiraajedii keessatti mul'atu inni biraan 'catharsis' kan jedhamudha. 'Catharsis' goolaba taatee tiraajediitti sababii lubbuu goobaan galeessaa dhabaniif (boqoteef) gadda (gammachuu dhabuu) itti dhaga'amuufi taatee dhiphinaa keessa daawwattootaatti uumuun lubbuu qulqulleessuudha (Quin, 2006). Sabni araaraaf Odaa jala taa'ee ture Diggaan lubbuusaa baasuu isaaf gadda cimaa keessa seenus, sababii horaafi sabaaf jecha aarsaa of taasisuun garuu keessa isaaf tasgabbii uuma. Horris kan sabaa akka ta'e mirkaneeffata (bo'oo 151). Gootummaa isaatiin abdii horata; isaaf jedhee akka aarsaa ta'e yaadachuun gamatti qaarisiisee jiruuf jireenya borii ilaala. Gootummaa Diggaa keessa isaatti yaadachaa dhalootatti himaa jiraata.

Kanaafuu, xumurri taatee kanaa taateewwan duraan raawwatamaa turan irratti kan hundaa'uufi gara taateewwan biraa daangaa walalichaatiin ala bahuun raawwatamutti kan geessu miti. Sababiin raawwii 'catharsis' Diggaan of gorra'uun xiyyeeffannoo kan argate yoo ta'u, bu'aan isaa qulqulleessuun immoo xiyyeeffannoo kan hinargannedha. Xumurri jaargocha taatee kanaa jalqaba ka'umsa lolaa kan ta'e dubbii horaaf fala kan kennudha.

Walumaa galatti, xiinxala walaloo tiraajedii *"... Jedhe Diggaa Saaqoo! "* irratti gaggeeffame moodela kutaalee taphaa (walaloo) shanan Aristotle hundeesseefi moodela caasaa jaargochaa Freytag pyramid walirra kan ooludha. Moodela armaan gadii irratti kutaalee walaloo tiraajedii Aristotle fi caasaa jaargochaa Freytag walirra bu'e ilaaluun ni danda'ama.



Fakkii 2: Kutaalee walaloo gaddisiisoo Aristotle fi caasaalee jaargochaa Piraamidii Fireytag walirra bu'uu agarsiisu

5. GOOLABA

Walaloon akkeessaa waan dhugaa ta'eeti. Kan inni madaalamuu qabus miidhagummaa oguma kalaqaa isaatiini. Miidhagummaan kunimmoo nama kakaasuu, gammachiisuu, kofalchiisuu, boossisuufi gaddisiisuu isaatiin madaalama. Kanaaf, tiraajediifi koomedii ta'uun walaloo akkeessaa haala kalaqichi ittiin darbu irratti hundaa'a. Tiraajediin akkeessaa gochaa kan goolabni isaa miira sodaa nama keessatti uumudha. Kunis, taateewwan xiyyeeffannoo barbaachisaan taasifameef bakka bu'uun bu'aansaas goolaba namfakkii goobaan galeessaaf kufaatii, badii, dhumiinsaafi du'a dhaqqabsiisuu agarsiisuuf jecha hojiirra ooludha. Namfakkii goobaan galeessi kalaqicha keessatti rakkoolee humna alaa itti dhufuun yookiin kan keessaatiin gootomuudhaan dhumni seenaasaa kan laphee nama cabsu qabudha. Kunimmoo gara qulqullina miira doo'attootaatti kan geessuufi abdii ilmaan namaatiif kan kennudha.

Walaloo tiraajedii *"... Jedhe Diggaa Saaqoo!"* Zalaalam Abarraa barreesse keessatti Diggaa Saaqoo goota waan itti amaneef (dhugaadhaaf) lubbuusaa hinmararsiifannedha. Tiraajediin Diggaarratti raawwate kun dhaloota dhufee darbu hundaaf barumsa kenna. Diggaan fakkeenya gootummaa, kutannoo, dhugaafi qajeelfama seeraaf dabarsanii of kennuuti. Haqa beekaniif aarsaa of gochuu hubachiisa.

Xiinxala gaggeeffameen, tartiibni yaa'insa yaadaafi taateewwan walalicha keessatti raawwataman tiraajedii ta'uu isaanii agarsiisa. Sababiin isaas, walaloo kana keessatti ka'umsi dubbii horaa, lola guddaafi saba sarduu, jaarsoliin haqa haqanqaaluun mootii Diggaa xiiqeffachiisuu, Diggaan shira jaarsoliitiin gowwomfamuusaa beekuu, Diggaan of wareeguufi sabni fuulduratti abdii horachuun yaadrimeewwaniifi taateewwan tiraajedii keessatti raawwataman hariiroo cimaa waan qabaniifi walirras waan bu'aniifi.

Akkasumas, duraa duubni taateewwan walalicha keessatti mul'atan moodela caasaa jaargocha tiraajedii Aristotle hundeesseefi moodela caasaa jaargochaa tiraajedii piraamidii Freytag pyramid walirra bu'uu isaanii agarsiisa. Kunimmoo yaadrimee ogbarruu walmadaallii mirkaneessuu nidanda'a. Sababiin isaas, caasaa, ergaafi ilaalchi tiraajedii warra Giriikii, Jarmaniifi Oromoo walirra kan bu'anidha. Ogbarruun walmadaallii damee beekumsaa ogbarruuwwan biyyoota, yeroo, afaaniifi gooroo garaagaraa tokkummaafi garaagarummaa isaanii qo'achuudha (Cao, 2013). Taateen tokko yookiin ogbarruun tokko hariiroo taateewwan yookiin ogbarruuwwan birootiin yoo walbira qabame, haala ga'umsa qabuun hubatamuu danda'a. Haaluma kanaan, xiinxala gaggeeffamerraa akka hubatamutti, moodeloota tiraajedii Jarmaniifi Giriikiin waliin

madaalamuun walaloon Oromoo *"... Jedhe Diggaa Saaqoo!"* moodeloota tiraajediin ittiin agarsiifamuun kan walirra bu'udha.

WABIILEE

Abrams, M.H. (1999). *A Glossary of Literary Terms* (7 Edition). United States of America: Heinle and Heinle Thomson Learning.

Butcher, S. (2008). *The Poetics of Aristotle*. Gutenberg E-book Poetics.

Cao, S. (2013). *The Variation Theory of Comparative Literature*. London: Springer.

Childs, P. and Fowler, R. (2006). *The Routledge Dictionary of Literary Terms*. USA: Tylor and Francis Group.

Cuddon, J. (2013). *The Penguin Dictionary of Literary Terms and Literary Theory (5th Edition)*. UK: Wiley-Blackwell publication.

Ferber, M. (1999). *A Dictionary of Literary Symbols*. United States of America: Cambridge University Press.

Griffith, K. (2011). *Writing Essays About Literature: A Guide and Style Sheet (8th Edition)*. USA: Wadsworth Cengage Learning.

Klages, M. (2012). *Key Terms in Literary Theory*. London: Continuum International Publishing Group.

Lawrence, D. (1992). *Sketches of Etruscan Places and Other Essays*. Cambridge: CUP.

Quin, E. (2006). *A Dictionary of Literary and Thematic Terms (2nd Edition)*. New York: Facts on File, Inc.

Rafiq, M. (2021). *Definition and Characteristics of Shakespearean Tragedy.* Maven Media Brands, LLC, https://owlcation.com/22/09/2021.

Simson, P. (2004). *Stylistics*. New York: Routledge.

Yesufu, A. (2006). *Introduction to Poetry.* Lagos: National Open University of Nigeria.

Zalaalam Abarraa. (2024). *Obomboleettiifi Kuusaa Walaloota*. Gadaa Advertising and Events.